# Leecalloowwan Tarkaanfii Seeraa Kunuunsa Daa'immanii Dhiyeessitootaaf




## G Hayyamni Kunuunsa Daa'immanii DCYF maalidhaa?

**D** Department of Children, Youth, and Families (Muummeen Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii, DCYF) kunuunsa daa'immanii fi sagantaawwan barnoota duraa gara 6,800 ta'aniifi buufataalee umrii barnootaa kutaa Washingiton keessatti hayyama ni kenna. Dhiyeessitoonni kunuunsa daa'immanii fi barnoota duraa irratti hayyama qaban akkaataa Washington Administrative Code (Seera Bulchiinsa Waashingitan, WAC) keessatti kan kaa'aman ulaagaalee qulqullinaa bu'uuraa hordofuudhaan daa'imman kunuunsa hayyama qaban keessa jiraatan naannoo nageenya qabu, fayyaa qabeessaa fi naannoo keessatti guddachuun malu ta'uu isaa akka mirkaneessuufidha.

## G Dhorkii yeroo gabaabaa jechuun maal jechuudha?

**D** Tarkaanfii yeroofii DCYF daa'imman nageenyi isaanii akka eegamuuf itti fayyadamudha. Sagantaan kunuunsa daa'immanii yeroo dhorkii keessatti hojjechuu hin danda'u. "Dhorkuu," haala hayyama dhiyeessaa tokkoo ilaalchisee yeroo itti fayyadamnu, tarkaanfii raawwachiisummaa ejensichi fayyaa, nageenya, ykn fayyummaa daa'imman galmaa'anii, ykn ummataa eeguuf hayyama yeroodhaaf dhaabuuf fudhate jechuudha. (WAC 110-300-0443) **https://app.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=110-300-0443**

## G Hayyamni tokko yommuu dhorkamu maaltu ta'a?

**D** Dhaabbanni kunuunsa daa'immanii tokko gabaabumatti yommuu dhorkuma, DCYF barreeffamaan abbaa hayyamaa beeksisa, dhaabbatichi fi hojiin isaas hatattamaan cufamuu qaba.

Abbaan hayyamaa dhorkii ba'e irratti walii hin galle yoo ta'e, ol'iyyannoo dhiyeessuun Administrative Law Judge (Abbaa Seeraa Mana Murtii Bulchiinsaa, ALJ) duratti dhiyaatanii "tursiisa" gaafachuu ni danda'u. Tursiisni hanga dhaddachi gaggeeffamutti dhaabbatichi banaa akka turu taasisa. ALJ'n dhugaa dhimmichaa dhaga'ee murtii dhaddachaa murteessa, kunis adeemsa ol'iyyannoo keessatti tarkaanfii isa dhumaa ta'a.

## G Haquu jechuun maal jechuudha?

**D** Haquun tarkaanfii seeraa hayyama kunuunsa daa'immanii karaa sirnaawaa fi dhaabbataadhaan cufuu yoo ta'u, kunis dhaabbati kunuunsa daa'immanii deebi'ee banamuu hin danda'u jechuudha.

Seerri naannichaa (RCW 43.215) dhiyeessaan hayyama qabu seeraa fi dambiiwwan kabajuu dhiisuu yoo agarsiise, DCYF hayyama akka haquuf aangoo kenneera. Haquun seerota hayyama kunuunsa daa'immanii irra deddeebiin cabsuu kan dabalatu yoo ta'u, kanneen kanaan kan daangeffame miti. Haquun kan dhufu/kan uumamu tarkaanfiin biraan fudhatame yaaddoowwan jiran kan hin sirreessine yoo ta'edha.

## G Hayyamni tokko yommuu haqamu maaltu ta'a?

**D** Namni hayyama qabu tokko hayyamni isaa yeroo haqamu beeksisni barreeffamaa ni gahaan. Beeksisni kun sababa murtoo DCYF'n kennamee fi ibsa mirga adeemsa seeraa hordofe kan abbaa hayyamaa of keessatti qabata.

Beeksisa kanaaf deebii kennuudhaan abbaan hayyamaa waan lama keessaa tokko hojjechuu danda'a:

a. Guyyoota 28 keessatti gaaffii Office of Administrative Hearings (Waajjira Dhagahaa Falmii Mana Murtii Bulchiinsaa, OAH) kan naannoo fi Waajjira DCYF'n hogganamu kan Kunuunsa Daa'immanii irratti hayyama kennutti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu; ykn

b. Murtoo DCYF fudhachuudhaa fi beeksisni erga isin qaqqabee guyyoota 28 keessatti dhaabbaticha cufuu.



## G Adabbii hariiroo hawaasaa jechuun maal jechuudha?

**D** Adabbiin hariiroo hawaasaa, ykn adabbiin maallaqaa, tarkaanfii raawwachiisummaa ejensichi kennudha. Kunis bakka waliigaltee walsimannaa hayyama dhaabbataa (FLCA) ykn hayyama yeroo yaalii ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, dhiyeessaan barnoota duraa yoo FLCA ykn hayyama yaalii dide, adabbiin hariiroo hawaasaa kennamuu danda'a. Adabbiin hariiroo hawaasaa, bu'aa seera hayyama kunuunsa daa'immanii irra deddeebiin cabsuu yoo ta'u, garuu kanaan kan daangeffame miti. Adabbiin hariiroo hawaasaa kan uumamu tarkaanfiin biraa yaaddoo jiru kan hin furre/sirreessine ta'edha.

## G Adabbiin hariiroo hawaasaa yeroo ba'u maaltu ta'a?

**D** Abbaan hayyamaa adabbiin hariiroo hawaasaa yeroo kennamutti beeksisa barreeffamaa ni fudhata. Beeksisni kun hanga doolaaraa adabbii hariiroo hawaasaa, yeroo adabbiin hariiroo hawaasaa kaffalamuu qabu, sababa murtii DCYF, fi ibsa mirga adeemsa seeraa hordofee kan abbaa hayyamaa kan hammatu ta'a.

Deebii tarkaanfii adabbii hariiroo hawaasaa kanaaf, abbaan hayyamaa wantoota lama keessaa tokko hojjechuu danda'a:

a. Guyyoota 28 keessatti tarkaanficha irratti gaaffii ol'iyyannoo OAH tti dhiyeeffata; ykn
b. Murtoo DCYF fudhachuudhaan adabbii kaffala. Odeeffannoo bal'aa kaffaltii adabbii keessan ilaalchisee Xalayaa Adabbii Hariiroo Hawaasaa keessan ilaalaa.

### Bu'aawwan Ta'uu danda'anii fi Hiikkoo Seeraa

**Kan mirkanaa'e:** Manni murtichaa, murtoo mana murtii jalaa mirkaneessuuf, raggaasisuuf ykn kabachiisuuf kenne.

**Falmii haquu:** Murtoo manni murtii himatamaa irratti dhimma mana murtii addaan kutuuf murteesse. Falmiin haqamuun sababoota adda addaatiin ta'uu danda'a, kunis gaffii waloo gareewwaniitiin, yaada murtii araaraan furamuutiin, gareen ol'iyyannoo dhiyeesse ol'iyyannoo irratti hirmaachuu dhabuutiin, ykn akka bu'uura seeraatti gareen ol'iyyannoo bu'aa isaan karaa ol'iyyannoo barbaadan galmaan ga'uuf karaan akka hin jirre yoo miirkaneeffatan ta'uu danda'a. Falmiin OAH keessatti haqamuun, sababa kamiiniyyuu, ol'iyyataan ol'iyyannoo isaa bakkatti deebi'ee akka gaafatu yeroo guyyoota 20 ni hayyama.

**Adeemsa sirnaawaa:** Fooyya'iinsa Heera Ameerikaa 14ffaa keessatti kan hammatame yoo ta'u, mootummaan namoota dhuunfaa haqummaa bu'uuraatiin akka ilaalu wabii kenna akkasumas mirga namni dhuunfaa tokko hayyama irratti ykn argannoo bu'uuraa miidhaa daa'immanii ykn tuffii irratti tarkaanfii badaa fudhataman irratti mirga ol'iyyannoo fudhachuu qabu eegu qaba.

**Kaafameera:** Bu'aan tarkaanfii seeraa sun akka nama hin miine gochuu osoo gochaa idilee tarkaanfii seeraa hojiirra oolchuu hin kaasiin. Karaa biraatiin, tarkaanfichi tarkaanfii seeraa ejensichaa ta'ee ni hafa, garuu dhiyeessaan tarkaanfichi erga kaafameen booda dhiisuu danda'a, yooma galmee dhiyeessaa irratti kan hafu ta'ullee. Kafamuun yeroo ejensichi balaan daa'immanitti dhufuuf deemu jira jedhee hin amanne garuu dhorkiin yeroofii guutummaatti akka dhiifamu hanga ammaatti yoo hin murteessine ta'e dhorkii yeroo gabaabaaf kan ooludha.

**Tarkaanfii negaatiivii:** Ajaja mana murtii, murtoo mana murtii, ykn tarkaanfii badaa ejensichaan fudhatame, aangoo murtii naannoo, federaalaa, kan gosaa ykn biyya alaa kamiyyuu keessatti fudhatame. Daa'imman kunuunsa daa'immanii keessa jiran kunuunsuuf ykn iddoo to'annoo alatti argachuuf amala nama dhuunfaa, mijachuu, fi dandeettii kunuunsuuf qabu, iyyataa irraatti bu'aa argame ni agarsiisa. Kun kana of keessatti qabachuu danda'a, garuu kanneen kanaan kan daangeffame miti:

a. Murtoo ALJ tiin ba'e/kenname;
b. Qorannoodhaan booda murtii, murtoo ykn argannoo dhumaa ejensichaan kenname;
c. Tarkaanfii falmisiisaa/faallaa ejensichaa, hayyama ykn waraqaa ragaa addaan kutuu, haquu, ykn dhorkuu dabalatee, ykn tarkaanfiin ejensii faallaa eegamaa yoo ta'e, tarkaanfii faallaa sana dhiisee hayyama, waraqaa ragaa ykn waliigaltee fedhiidhaan dabarsee kennuu;
d. Hayyama ogummaa kamiyyuu irratti haqamuu, dhorkaa ykn uggura/daangeffama taasifame; ykn
e. Murtoo dhumaa boordii naamusaa.

**Ol'iyyannoo hin qabu:** Ol'iyyannoon yoo hin jiraanne, tarkaanfiin ejensichaa dirqisiisummaa kan qabudha. Xalayaawwan seeraa dhimmoota hayyama kennuu keessatti dhiyeessan yoo dhaddacha OAH naannootti yoo hin barbaanne, tarkaanfiin sun xalayaan sun erga kennamee guyyoota 28 booda hojiirra akka oolu ni gorfamu. Kanarraa kan adda ta'u/kan hafe dhorkii yeroo gababaa qofa yoo ta'u, kunis battalumatti hojiirra kan oolu ta'a. Dhiyeessaan dhorkii yeroo gabaabaa guyyoota 28 keessatti dhaddacha yoo hin barbaanne, tarkaanfichi isa dhumaa fi cufamee kan hafu ta'a.

**Haqameera:** Tarkaanficha haquuf. Tarkaanfiin seeraa yeroo haqamu, tarkaanfiin seeraa kana booda galmee dhiyeessaa irratti hin argamu jechuudha. Dhorkaa yeroo gabaabaa haquun ejensichi dhorkaa yeroo gabaabaa akka itti hin fufneef murteessuuf odeeffannoo barbaachisoo ta'an hunda qabuun dhorkaa yeroo gabaabaa kaasuun kan hordofu ta'a.

**Hiikkachuu:** Waliigaltee waldhabdee xumuruu fi adeemsa falmii seeraan walqabatee jiru kamiyyuu fedhiidhaan akka kuffisu taasisu.

**Kan tursiifame:** "Tursiisa" jechuun tarkaanfii manni murtii dhiibbaa adeemsa falmii seeraa gocha garee tokkoo irratti qabu dhaabuuf fudhatudha. Dhorkaa yeroo gabaabaaf kan ooludha. Dhorkaa yeroo gabaabaa ol'iyyannoo jechuun dhiyeessaan tajaajilaa hojjechuu barbaadu mootummaan OAH tursiisa dhorkaa yeroo gabaabaa kennu gaafachuu ni danda'a. Tursiisni yoo kenname, dhiyeessaan yeroo dhaddachaatti hojii dhorkii yeroo gabaabaa sirritti hojiirra ooluu isaa murteessuuf hojjechuu ni danda'a.

**Kabachiisuu:** Murtii seeraa tokko sirrii ta'uu isaa murteessuu fi tarkaanfii seeraa akka hin jijjiirre murteessuu.

Odeeffannoo waa'ee dhaddacha DCYF qophaa'uu ilaalchisee, daawwadhaa**: https://oah.wa.gov/case-preparation/hearings/department-children-youth-families**

Odeeffannoo waa'ee seeraa fi dambiiwwan hayyama kunuunsa daa'immanii kennuu wajjin walqabatan argachuuf, daawwadhaa: **www.dcyf.wa.gov/practice/policy-laws-rules**

## Gaaffiiwwan?

Qaama hayyamaa kennu, ykn Waajjira Barumsa Jalqabaa fi Kunuunsa Daa'immanii naannoo keessanii qunnamaa, kana irratti **www.dcyf.wa.gov/find-an-office/el-offices**